IslamHouse.com



# HADIISA 30 DUBARTOOTAAF

Qopheessaa
toora da'iwaa bixaaqah

# ثلاثون حديثا في أحكام النساء

Oromo
Oromoo
أورومو


Hikaa
**Faaximah shekhjamaal Shekh Muhammad**
Gulaala
**Shekh Jamaal Shekh Muhammad**

OROMO
OROMOO
أورومو

# ثلاثون حديثا
## في أحكام النساء

تأليف
موقع البطاقة الدعوي
ترجمة
فاطمة بنت جمال بن محمد
مراجعة
الداعية جمال محمد أحمد

أُعد هذا الكتاب وصمِّم من قبل مركز أصول، وجميع الصور المستخدمة في التصميم يملك المركز حقوقها، وإن مركز أصول يتيح لكل مسلم طباعة الكتاب ونشره بأي وسيلة، بشرط الالتزام بالإشارة إلى المصدر، وعدم التغيير في النص، وفي حالة الطباعة يوصي المركز بالالتزام بمعاييره في جودة الطباعة.

مركز أصول
Osoul Center
www.osoulcenter.com

+966 504 442 532
+966 11 445 4900
+966 11 497 0126
P.O.BOX 29465 Riyadh 11457
osoul@rabwah.com
www.osoulcenter.com

بسم الله الرحمن الرحيم

Bismillaahi Rrahmaani Rrahiim

Hadiisota

SEENSA

DHAAMSA DUBARTOOTAA KAN QUR'AANARRAA TAHE

# DUREE

Kitaabni **hadiisa 30 waayee dubartootaa** jedhamu kuni irra filatamaa kitaabban waayee barnoota dubartootaa keessatti qopheeffame keessa isa tokko. Abbaan isa qopheesses websayita daiwaa bixaaqaa jedhamu Rabbi irraa haajaalatu. miciyyoon tiyya tan hangafaa  jaalatamtuun **Ustaazah faaximah shekh Jamaal shekh muhammad** afaan keenya afaan oromootti hiiktee akka ummanni keenya waayee barnoota dubartootaa murteessituu tana afaan isaatiin dubbisee hubatu goote.

Rabbiin kan kqopheesseefii kan hikes isaan lameenu irraa haajaalatu, jannataanis galata haa galchuuf. Nutis gulaallee maxxansaafii karaa interneetiinis raabsinee akka ummata keenya bira gayu goone. Rabbiin nurraa haaqeebalu. Dhumarratti ummata keenyaa hundaan keessaattu dargaggootaafii barattootaan kitaaba kana akka dubbistanii irraa barattan isinii dhaamsa dabarsina. Jaarraan jirru jaarraa beekkomsaa, saayinsiifii teeknoloojii waan taheef barnoota islaamaarratti akka jjajjabaattan isiniin jennaa. Barnootaafii ogummaa qabdaniinis diin keessan akka tajaajiltan isin yaadachiisna.

Shekh Jamaal shekh Muhammad shekh Ahmad
shekhjamal@yahoo.com
Abu Saalih Almuhajiri
00966505697461
KSA Riyaadh

# SEENSA

الحمد لله رب العالمين الصلاة والسلام على رسول الله نبينا محمد وعلي آله وصحبه أجمعين.

Barreeffamicchi:

Tuuta hadiisaa nabii ﷺ kan seerota shari'aa kan dubartoota laalchisan irraa hanga tokko if keessatti kan qabatedha

## HADIISA IFFAA

**قال رسول الله ﷺ:** «لا تمنعوا إماء الله مساجد الله، وبيوتهن خير لهن، وليخرجن تفلات». **صححه الالباني.**

Ergamaan Rabbii ﷺ akkana jedhe

"Gabrittiiwwan Rabbii Masjiidawwan Rabbiitirraa Hin dhoorkinaa, garuu mana isaaniitu irra isaanii caala, shittoo fi faayaan malee haa bahanii." Albaaaniitu galmeeyse

- kuni wanni nuhubachiisu dubartiin salaataaf masgiida deemuu akkadadeesuufii masgiidarraa isii dhoowwuun akka hintaane ibsa.
- akkasuma manni isiitti salaatuun ammo akka irra caala tahe ibsa.

- akkasuma yeroo salaata jama'aatiif yookaa barnootaaf gara masgiidaa deemtu tottofachuun hinbarbaachisu, shittoo fii uffata nama hatu fayyadamuu hinqabdu.

## HADIISA 2FFAA

قال رسول الله ﷺ: «إن المرأة عورة فإذا خرجت استشرفها الشيطان وأقرب ما تكون من وجه ربها وهي في قعر بيتها». صححه الألباني.

Ergamaan rabbii ﷺ akkana jedhe "dubartiin hundi qaama isii uffataan ufifamuu barbaachisa. yeroo mana isiirraa gadi baate sheyxaanni isii dogoggorsiisa. Yeroo diinqa (deeraa) mana isii keessa jirtu akkaan Rabbii isiitti dhihaatti (Rabbiin irraa jaalata)."

- Kanarraa wanni barannu dubartiin mana isii kessa taa'uun barbaachisaa tahuu.
- yoo haajaa dirqamaatiif kan mana isiirraa gadi baatee deemutti haajamtu taatee sirritti uffata isii hagooggachuutu dirqama.

## HADIISA 3FFAA

قال رسول الله ﷺ: «إذا استعطرت المرأة فمرت على القوم ليجدوا ريحها فهي زانية». صححه الألباني.

Ergamaan Rabbii ﷺ akkana jedha

"Dubartiin takka shittoo dibattee akka urgaa isii arganiif namootarra yoo dabarte isiin zinaa daleeyde." Albaaniitu galmeesse





- hadiisa kanarraa wanni hubannu dubartiin yero manarraa gadi bate hajaaf deemtu gonkumaa waan urgaawu fayyadamuun dhoowwaadha.
- kana goonaan badii guddoo sagaggaalummaa akka waan raawwattetti laalamti.
- waan urgaawu fayyadamuun kan hayyamame manuma isii keessatti qofa.

## HADIISA 4FFAA

قال رسول الله ﷺ: «ثلاثة لا تسأل عنهم... وامرأة غاب عنها زوجها وقد كفاها مؤونة الدنيا فتبرجت بعده، فلا تسأل عنهم».

Ergamaan rabbii ﷺ akkana jedha

"Nama sadi ta isaanii hin gaafatin (hammeenya isaaniirraa hingaafatin) ... Dubartii abbaan mana isii bira hin jirre, ka sinqii isii hunda isii dandahe, Isiin isa duubaa dirree ufbaaftee hagooggii dhiifte…ta isaanii hin gaafatin (badii guddoo seente jechuudha)."

- kuni hiikkaan isaa badii guddoo dalayde jechuudha. Waan akkanarraa haafagaattuu jechuudha. Albaaniitu galmeesse

## HADIISA 5FFAA

قال رسول الله ﷺ: «لا تسافر المرأة إلا ومعها محرم، فقال رجل: يا رسول الله إني أريد أن أخرج في جيش كذا وكذا وامرأتي تريد الحج، فقال: اخرج معها». صححه الألباني.

Ergamaan Rabbii ﷺ akkana jedhe

"fira isii kha ajnabii hin tahiniin wajji malee Dubartiin takka akka karaa hindeemne." jennaan Gurbaan tokko "yaa ergamaa rabbii ani waraana akkanaa wajjiinin bahuu deemaa, haati mana tiyyaa hajjii deemuu barbaaddi" jennaan, ergamaan Rabbii ﷺ "isii wajji hajjii deemi" isaan jedhe Albaaniitu galmeesse.

- kuni wanni ibsu dubartiin kophaa karaa dheeraa deemuun dhoowwaadha, abbaan manaa ishii waan biraa dhiisee wajji deemuu qaba.

## HADIISA 6FFAA

قال رسول الله ﷺ: «أيما امرأة وضعت ثوبها في غير بيت زوجها فقد هتكت ستر ما بينها وبين الله عز وجل». صححه الألباني.

Ergamaan Rabbii ﷺ akkana jedhe

"Dubartiin mana jaarsa isii bikka hin tahinitti uffata ifirraa lafa kheesse dhugaa hagooggii waan isii fi Rabbi jidduu jiruu balleessiteet jirti." Albaaniitu galmeesse.





## HADIISA 7FFAA

قال رسول الله ﷺ: «ما من امرأة تقدم ثلاثا من الولد تحتسبهن دخلت الجنة. فقالت امرأة منهن أو اثنان. قال او اثنان». صححه الألباني.

Ergamaan Rabbii ﷺ akkana jedhe

"Intalti takkalleen hin taane ta ilmaan sadi kha dura dabranii (duraa du'anii) obsite jannata seentu malee hinhaftu, namtittiin takka: "lama yoo?" jennan lamas je'een." Albaaniitu galmeesse.

## HADIISA 8FFAA

قال رسول الله ﷺ: «لا تباشر المرأة المرأة فتنعتها لزوجها كأنه ينظر إليها». رواه البخاري.

Ergamaan Rabbii ﷺ akkana jedhe

"intaloon takka hin tala biraa saahibdee abbaa manaa isiitiif akka waan ijaan arguu takkatti hin wassafiniif." Bukhaariitu odeesse

## HADIISA 9FFAA

قال رسول الله ﷺ: «التسبيح للرجال والتصفيق للنساء». متفق عليه.

Ergamaan Rabbii ﷺ akkana jedhe

"subhaanallaah jachuun dhiiraafi, harka dhahuun

dubartootaafi) kuni yeroo salaata keessatti imaamni dogoggore yaadachiisuuf taha." Irratti waliif galamaadha

## HADIISA 10FFAA

قال رسول الله ﷺ: «أيما امرأة سألت زوجها طلاقا من غير بأس فحرام عليها رائحة الجنة». صححه الألباني.

Ergamaan Rabbii ﷺ akkana jedhe

"Intalti takka ta abbaa mana isii rakkoo takka malee hiikkaa nikaahaa gaafatte fooleen jannataa isirratti haraami." Albaaniitu galmeesse

## HADIISA 11FFAA

قال رسول الله ﷺ: «لو كنت آمرا أحدا أن يسجد لأحد لأمرت المرأة أن تسجد لزوجها، ولا تؤدي المرأة حق زوجها حتى لو سألها نفسها على قتب لأعطته». صححه الألباني.

Ergamaan Rabbii ﷺ akkana jedhe

"osoon khanin nama namaaf sujuuduutti kha ajaju tahe, dubartiin akka abbaa manaa isiitiif sujuuddun ajaja, intalti takka osoo isii kooraa gaalaarra jirtu isii yaamee lubbuu isaa kennuufii qabdi. Osoo akkas gootellee haqa isaa guutte hinjedhamtu.



## HADIISA 12FFAA

قال رسول الله ﷺ: «إذا باتت المرأة مهاجرة فراش زوجها لعنتها الملائكة حتى ترجع». متفق عليه.

Ergamaan Rabbii ﷺ akkana jedhe

"Dubartiin takka afata jaarsa isiitirraa godaantee hogguu bulte, maleeykaan isii ni abaarti hanga deebituutti." Irratti walii galame

## HADIISA 13FFAA

قال رسول الله ﷺ: «اريت النار فإذا بأكثر اهلها نساء يكفرن، قيل: ايكفرن بالله؟ قال: يكفرن العشير، ويكفرن الإحسان لو أحسن الى احداهن الدهر ثم رأت منك شيئا قالت: ما رئيت منك خيرا قط». متفق عليه.

Ergamaan Rabbii ﷺ akkana jedhe

"ibidda na agarsiisanii, irra hedduun warra achii dhubartoota kafarani.

"Rabbitti kafaranii?" jedhanii gaafannaan: abbaa manaatti kafaran, toltuu waakkatan, takkaan isaanii osoo umrii tola itti ooltee guyyaa tokko hamtuu sirraa agartee "takkaa toltuu sirraa hin agarre" siin jetti. Irrattii walii galan

## HADIISA 14FFAA

قال رسول الله ﷺ: «لعن الله الواشمات والمستوشمات، والنامصات والمتنمصات، والمتفلجات للحسن المغيرات لخلق الله». متفق عليه.

Ergamaan Rabbii ﷺ akkana jedhe

"Rabbiin abaare, isii tumaa tumtuu fi ta tumsiifattu, ta nyaara haadduu fi ta haaddattu, ta ikee boonaaf qorattu ta uumaa rabbii jijjiirtu." Irratti walii galan

## HADIISA 15FFAA

قال رسول الله ﷺ: «صنفان من أهل النار لم ارهما... ونساء كاسيات عاريات، مميلات مائلات، رؤوسهن كأسنمةالبخت المائلة، لا يدخلن الجنة ولا يجدن ريحها وان ريحهها ليوجد من مسيرة كذا وكذا». متفق عليه.

Egamaan rabbii ﷺ akkana jedhe

"warraa azaabaa kheessa gosa lama hin agarrre….. Dubartoota uffatoo qullaa Jajalloo jajalliftuu, mataan isaanii akka dalluu gaalaa ta jallattee, jannata hin seenan foolii isiitis hin argan fooleen isii fageenya akkanaa akkanaatirra dhagayamti." Irratti walii galan.

## HADIISA 16FFAA

قال رسول الله ﷺ: «لا تتنقب المرأة المحرمة ولا تلبس القفازين». صححه البخاري.

Egamaan Rabbii ﷺ akkana jedhe





"dubartiin hajjii ykn umraa harramatte hin naqqabatt/ fuula hin hagooggattu/ shurraaba shanachaatis hin uffattu." Bukhaariitu galmeesse.

## HADIISA 17FFAA

قال رسول الله ﷺ: «حرم لباس الذهب والحرير على ذكور أمتي وأحل لإناثهم». صححه الألباني.

Ergamaan Rabbii ﷺ akkana jedhe

"dhoorkameet jira warqii fi hariirri dhiira ummata khiyyaatirra, hamame dhalaa isaaniitiif." Albaaniitu galmeesse.

## HADIISA 18FFAA

لعن رسول الله ﷺ المتشبهيين من الرجال بالنساء والمتشبهات من النساء بالرجال». رواه البخاري.

"Ergamaan Rabbii ﷺ abaare dhiirarraa warra dhalaatti if fakkeessu fi dhalaarraa warra dhiira if fakkeessu." bukhaarii.

## HADIISA 19FFAA

قال رسول الله ﷺ: «إذا صلت المرأة خمسها وصامت شهرها واطاعت زوجها قيل لها ادخلي الجنة من اي ابواب الجنة شئت». صححه الألباني.

Ergamaan Rabbii ﷺ akkana jedhe

“intalti yoo shanan isii salaattee baatii isii soomantee abbaa manaa isiitiif ajajamte isiidhaan ni je’ama jannata seenii hula jannataa ta feeteen.” Albaaniitu galmeesse.

## HADIISA 20FFAA

قال رسول الله ﷺ: «عليكن بالتسبيح والتهليل والتقديس واعقدن بالأنامل فإنهن مسؤولات مستنطقات ولا تغفلن فتنسين الرحمة». حسنه الألباني.

Ergamaan Rabbii ﷺ akkana jedhe

“Subhaanallah laa ilaaha illallaahun Rabbi faarsuufii qulqulleessuu qubaa keessaniinlakkaawaa itti fufaa. Qubni kuni nigaafatamti nihaasoftisi, zikrirraa dagamtanii rahmata hin irraanfatinaa.”

## HADIISA 21FFAA

قال رسول الله ﷺ: «رحم الله امرأة قامت من الليل فصلت وايقظت زوجها فإن أبى نضحت في وجهه الماء». صححه الألباني.

Ergamaan Rabbii ﷺ akkana jedhe

“Rabbiin rahmata godheef intala halkairraa khaatee abbaa mana isii khaaftee yoo dide bishaan fuulatti facaaftu.” Albaaniitu galmeesse.





## HADIISA 22FFAA

قيل لرسول الله ﷺ يا رسول الله ان فلانة تقوم الليل وتصوم النهار وتفعل وتصدق وتؤذي جيرانها بلسانها فقال رسول الله ﷺ: «لا خير فيها هي من اهل النار قال وفلانة تصلي المكتوبة وتصدق بأثوار -من الأقط- ولا تؤذي أحدا فقال رسول الله ﷺ: هي من أهل الجنة». صححه الألباني.

Ergamaa Rabbiitiiin ﷺ:

“yaa Ergamaa Rabbii ebalu halkaan salaata dhaabbattii guyyaa ni soomantii ni sadaqattii, ollaa isii arrabaan miiti.” jennaan “ kheeyrii hin qabdu isiin warra izaabaati.” jedhe “ebalus fardii ni salaatti aanan goggorraa nisadaqattii nama tokkollee hin miitu” jennaan “isiin warra jannataati.” jedhe Albaaniitu galmeessee.

## HADIISA 23FFAA

قال رسو الله ﷺ: «لا تقبل صلاة الحائض إلا بخمار». الحائض: المرأة التي بلغت المحيض صححه الألباني.

Ergamaan Rabbii ﷺ akkana jedhe

“salaanni dubartii xuriin itti dhuftee hin qeebalamu yoo hagoogatte malee.” Albaaniitu galmeesse

- dubartii xuriin itti dhufte jechuun isaa ta ballaghde/ ta xurii arguu geeyse jechuudha malee ta hoggas itti jirtuu miti.

## HADIISA 24FFAA

قال رسول الله ﷺ: «النائحة إذا لم تتب قبل موتها تقام يوم القيامة وعليها سربال من قطران ودرع من جرب». رواه مسلم.

Ergamaan Rabbi ﷺ "Boochiftuun yoo du'a isii dura toowbatuu baatte guyyaa qiyaamaa qamisaa raja azaabaarraa taheefii qoloo cittorraa taate uffifamteeti kaafamti." Muslimtu odeesse.

## HADIISA 25FFAA

قال رسول الله ﷺ: «أيما امرأة تطيبت ثم خرجت إلى المسجد لم تقبل لها صلاة حتى تغتسل». صححه الألباني.

Ergamaan Rabbi ﷺ akkana jedhe "intaltla urgeyfattee egasii karaa masgiidaa deemte tamillee salaani isiif hin qeebalmtu hanga dhiqattutii." Albaaniitu galmeesse.

## HADIISA 26FFAA

قال رسول الله ﷺ: «لا يخلون رجل بامرأة ولا تسافرن امرأة إلا ومعها محرم». متفق عليه.

Ergamaan Rabbii ﷺ akkana jedha

"dhiirti takka dubartii takkan akka khophaa hin baane, dubartiin akka hin imalle fira isii kha aji nabii hin tahinii wajji malee." Irratti walii galame.



## HADIISA 27FFAA

قال رسول الله ﷺ: «لاتصدقن يا معشر النساء ولو من حيلكن». متفق عليه.

Ergamaan Rabbii ﷺ akkana jedhe

"sadaqadhaa yaa tuuta shamarranii osoo faaya kheessanirraahillee taatee." Irratti walii galame.

## HADIISA 28FFAA

قال رسول الله ﷺ: «لالعن الله زوارات القبور». صححه الالباني.

Ergamaan Rabbii ﷺ akkana jedhe

" Rabbiin Abaare dhalaalee akkaan qabrii ziyaartu." albaaniitu galmeesse.

## HADIISA 29FFAA

قال رسول الله ﷺ: «أيما امرأة نكحت بغير اذن وليها فنكاحها باطل فنكاحها باطل فنكاحها باطل». صححه الالباني.

Ergamaan Rabbii ﷺ Akkana jedhe

"intalti heerumte hayyama warra isiitiin malee, gaa'elle isii fashalaadha, gaa'elli isii fashalaadha gaa'elli isii fashalaadha." Albaaniitu galmeesse.

## HADIISA 3OFFAA

**قال رسول ﷺ: «لا يحل لإمرأة تؤمن بالله واليوم الآخر ان تحد على ميت فوق ثلاثة ليال إلا على زوج فإنها تحد عليه اربعة اشهر وعشرا». صححه الألباني.**

Ergamaan Rabbii ﷺ akkana jedhe

“ hin hayyamamu intala Rabbii fi  guyyaa aakhiraatti amantu takkaaf halkan sadihii ol nama du’eef gufufuun, abbaa manaa malee isiin isaaf ji’a afurii fi guyyaa kkudhan gufufti”. Albaaniitu galmeesse.





# DHAAMSA DUBARTOOTAA KAN QUR’AANARRAA TAHE

﴿قُل لِّلْمُؤْمِنِينَ يَغُضُّوا۟ مِنْ أَبْصَـٰرِهِمْ وَيَحْفَظُوا۟ فُرُوجَهُمْ ۚ ذَٰلِكَ أَزْكَىٰ لَهُمْ ۗ إِنَّ ٱللَّهَ خَبِيرٌۢ بِمَا يَصْنَعُونَ﴾ [النور: ٣٠]

***“Mu’uminootaan “(ija keessan gadi qabadhaa)” jedhi, ija isaanii gadi qabatu; qaama saalaa isaaniis ni tikfatu. Santu isaaniif irra qulqulluudha. Dhugumatti, Rabbiin keessa beekaa waan isaan dalaganiiti.”***

﴿وَقُل لِّلْمُؤْمِنَـٰتِ يَغْضُضْنَ مِنْ أَبْصَـٰرِهِنَّ وَيَحْفَظْنَ فُرُوجَهُنَّ وَلَا يُبْدِينَ زِينَتَهُنَّ إِلَّا مَا ظَهَرَ مِنْهَا ۖ وَلْيَضْرِبْنَ بِخُمُرِهِنَّ عَلَىٰ جُيُوبِهِنَّ ۖ وَلَا يُبْدِينَ زِينَتَهُنَّ إِلَّا لِبُعُولَتِهِنَّ أَوْ ءَابَآئِهِنَّ أَوْ ءَابَآءِ بُعُولَتِهِنَّ أَوْ أَبْنَآئِهِنَّ أَوْ أَبْنَآءِ بُعُولَتِهِنَّ أَوْ إِخْوَٰنِهِنَّ أَوْ بَنِىٓ إِخْوَٰنِهِنَّ أَوْ بَنِىٓ أَخَوَٰتِهِنَّ أَوْ نِسَآئِهِنَّ أَوْ مَا مَلَكَتْ أَيْمَـٰنُهُنَّ أَوِ ٱلتَّـٰبِعِينَ غَيْرِ أُو۟لِى ٱلْإِرْبَةِ مِنَ ٱلرِّجَالِ أَوِ ٱلطِّفْلِ ٱلَّذِينَ لَمْ يَظْهَرُوا۟ عَلَىٰ عَوْرَٰتِ ٱلنِّسَآءِ ۖ وَلَا يَضْرِبْنَ بِأَرْجُلِهِنَّ لِيُعْلَمَ مَا يُخْفِينَ مِن زِينَتِهِنَّ ۚ وَتُوبُوٓا۟ إِلَى ٱللَّهِ جَمِيعًا أَيُّهَ ٱلْمُؤْمِنُونَ لَعَلَّكُمْ تُفْلِحُونَ﴾ [النور: ٣١]

***“Dubartoota mu’uminootaatiinis “(ija keessan gadi qabadhaa”) jedhi, ija isaanii gadi qabatu; qaama saalaa isaaniis ni tikfatu. “Faaya isaaniis isa isaan irraa ofiin mul’ate malee hin mul’isinaa; haguuggaa isaanii qoma***

***isaaniitti haa uffisanu; miidhagina qaama isaanii dhiirsa isaanii, yookiin abbootii isaanii, yookiin abbootii dhiirsa isaanii, yookiin ilmaan isaanii, yookiin ilmaan dhiirsa isaanii, yookiin obboleeyyan isaanii, yookiin ilmaan obboleeyyan isaanii, yookiin ilmaan obboleettiiwwan isaanii, yookiin dubartoota isaanii (mu'uminoota ta'an), yookiin gabroota too'annaa isaanii jala jiran, yookiin tajaajiltoota dhiira irraa ta'an kan fedhii hin qabne ta'aniifi yookiin ijoollee qaama saala dubartootaa irratti hin mul'atinitti (hin beekinitti) malee miidhagina isaanii hin mul'isin. Miidhagina isaanii irraa wanti isaan dhoksan akka beekamuuf jecha miila isaaniitiin dachii hin dhiitin. Yaa mu'uminootaa! Akka milkooftaniif jecha hundi keessanuu gara Rabbiitti tawbaa deebi'aa."*** jedhiin.

﴿لَّا جُنَاحَ عَلَيْهِنَّ فِيٓ ءَابَآئِهِنَّ وَلَآ أَبْنَآئِهِنَّ وَلَآ إِخْوَٰنِهِنَّ وَلَآ أَبْنَآءِ إِخْوَٰنِهِنَّ وَلَآ أَبْنَآءِ أَخَوَٰتِهِنَّ وَلَا نِسَآئِهِنَّ وَلَا مَا مَلَكَتْ أَيْمَٰنُهُنَّۗ وَٱتَّقِينَ ٱللَّهَۚ إِنَّ ٱللَّهَ كَانَ عَلَىٰ كُلِّ شَيْءٖ شَهِيدًا﴾ [الأحزاب: ٥٥]

***"Isaan (dubartoota nabiyyii ﷺ) irratti abboota isaanii, ilmaan isaanii, obboleeyyan isaanii, ilmaan obboleeyyan isaanii, ilmaan obbleettiwwan isaanii, dubartoota isaaniitii (Muslimtootaatii)fi waan mirgi isaanii horatte (gabroota isaanii) biratti (miidhaagina isaanii mul'isuu) keessatti badiin isaan irra hin jiru. Allaahs sodaadhaa. Dhugumatti, Rabbiin waan hunda irratti ragaa ta'eera."***





﴿يَٰٓأَيُّهَا ٱلنَّبِيُّ قُل لِّأَزْوَٰجِكَ وَبَنَاتِكَ وَنِسَآءِ ٱلْمُؤْمِنِينَ يُدْنِينَ عَلَيْهِنَّ مِن جَلَٰبِيبِهِنَّۚ ذَٰلِكَ أَدْنَىٰٓ أَن يُعْرَفْنَ فَلَا يُؤْذَيْنَۗ وَكَانَ ٱللَّهُ غَفُورًا رَّحِيمًا﴾ [الأحزاب: ٥٩]

***"Yaa nabiyyichaa! "Niitolii keetiin, shamarran keetiifi dubartoota mu'uminootatiinis, jilbaaba (hijaaba) isaanii (qaama) isaanii irratti gadi buusaa" jedhiin. Akka beekamanii hin rakkifamneefis kanatu irra dhihoodha. Rabbiin araaramaa, rahmata godhaa ta'eera."***

﴿يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ تُوبُوٓاْ إِلَى ٱللَّهِ تَوْبَةً نَّصُوحًا عَسَىٰ رَبُّكُمْ أَن يُكَفِّرَ عَنكُمْ سَيِّـَٔاتِكُمْ وَيُدْخِلَكُمْ جَنَّٰتٖ تَجْرِي مِن تَحْتِهَا ٱلْأَنْهَٰرُ يَوْمَ لَا يُخْزِي ٱللَّهُ ٱلنَّبِيَّ وَٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ مَعَهُۥۖ نُورُهُمْ يَسْعَىٰ بَيْنَ أَيْدِيهِمْ وَبِأَيْمَٰنِهِمْ يَقُولُونَ رَبَّنَآ أَتْمِمْ لَنَا نُورَنَا وَٱغْفِرْ لَنَآۖ إِنَّكَ عَلَىٰ كُلِّ شَيْءٖ قَدِيرٞ﴾ [التحريم: ٨]

***"Yaa warra amantan! Tawbaa qulqulluu gara Rabbiitti deebi'aa. Guyyaa Rabbiin Nabiyyiifi warra isaa wajjin amanan hin hoongessine san Gooftaan keessan diliiwwan keessan isin irraa haxaawee Jannatoota jala ishee laggeen yaatu isin seensisuun ni kajeelama. Haala isaan "Yaa Gooftaa keenya! Ifaa keenya nuuf guuti; nuufis araarami; Ati waan hunda irratti danda'aa dha» jedhanuun ifti isaanii fuuldura isaaniitiifi mirga isaanii deema."***

﴿ضَرَبَ ٱللَّهُ مَثَلٗا لِّلَّذِينَ كَفَرُواْ ٱمْرَأَتَ نُوحٖ وَٱمْرَأَتَ لُوطٖۖ كَانَتَا تَحْتَ عَبْدَيْنِ مِنْ عِبَادِنَا صَٰلِحَيْنِ فَخَانَتَاهُمَا فَلَمْ يُغْنِيَا عَنْهُمَا مِنَ ٱللَّهِ شَيْـٔٗا وَقِيلَ ٱدْخُلَا ٱلنَّارَ مَعَ ٱلدَّٰخِلِينَ﴾ [التحريم: ١٠]

***“Rabbiin isaan kafaraniif niitii Nuuhiifi niitii Luux fakkeenya godhe. Gabroota keenya gaggaarii gidduu gabroota lama jala turanii isaan ganan. Isaan lamaanis (Nuuhifi Luux) adabbii Rabbii irraa isaan hin duroomsine. “Isin lamaan ibidda warra seenan wajjin seenaa» jedhameen.”***

﴿وَضَرَبَ ٱللَّهُ مَثَلٗا لِّلَّذِينَ ءَامَنُواْ ٱمۡرَأَتَ فِرۡعَوۡنَ إِذۡ قَالَتۡ رَبِّ ٱبۡنِ لِي عِندَكَ بَيۡتٗا
فِي ٱلۡجَنَّةِ وَنَجِّنِي مِن فِرۡعَوۡنَ وَعَمَلِهِۦ وَنَجِّنِي مِنَ ٱلۡقَوۡمِ ٱلظَّٰلِمِينَ﴾ [التحريم: ١١]

***“Ammas Rabbiin isaan amananiif niitii Fir’awni fakkeenya godhe. Yeroo isheen “yaa Gooftaa kiyya! Si biratti Jannata keessatti mana naaf ijaari; Fir’awniifi dalagaa isaa irraa na baraarsi; ummata miidhaa hojjatoota irraas na baraarsi.” jette.***

﴿وَمَرۡيَمَ ٱبۡنَتَ عِمۡرَٰنَ ٱلَّتِيٓ أَحۡصَنَتۡ فَرۡجَهَا فَنَفَخۡنَا فِيهِ مِن رُّوحِنَا وَصَدَّقَتۡ
بِكَلِمَٰتِ رَبِّهَا وَكُتُبِهِۦ وَكَانَتۡ مِنَ ٱلۡقَٰنِتِينَ﴾ [التحريم: ١٢]

***“Maryam Intala Imraan, ishee qaama saalaa ishee tiksites (fakkeenya godheera). Ruuhii (uumaa) keenya irraa ta’es isa keessatti afuufne. Jechoota Gooftaa isheetiifi kitaabota Isaas ni dhugoomsite. Warra Rabbiif ajajamu irraas taate.”***

IslamHouse.com

IslamHouseOr IslamHouseOR/ islamhouse.com/or/

IslamHouseOr/

For more details visit
www.GuideToIslam.com

GUIDE TO ISLAM

contact us :Books@guidetoislam.com

GuidetoIslam.org Guidetoislam1 Guidetoislam www.Guidetoislam.com

المكتب التعاوني للدعوة وتوعية الجاليات بالربوة

هاتف: ٩٦٦١١٤٤٥٤٩٠٠+ فاكس: ٩٦٦١١٤٩٧٠١٢٦+ ص ب: ٢٩٤٦٥ الرياض: ١١٤٥٧

ISLAMIC PROPAGATION OFFICE IN RABWAH

P.O.BOX 29465 RIYADH 11457 TEL: +966 11 4454900 FAX: +966 11 4970126